



Yeroo Sochii Lafaa Haala Kamiin Nagaa ta'u Akka Danda'amu

Yammuu laftii socho'u


GADI BU'II...



HAGUUGI...



QABI...





City of Seattle



Seattle Office of Emergency Management
www.seattle.gov/emergency
206-233-5076

Yeroo Sochii Lafaa Haala Kamiin Nagaa ta'u Akka Danda'amu

- ★ **Yammuu socho'aa jiruu hin kaatiin.**
Midhaaleen hedduun kan dhufan wantoota kufan irraa iyyu, fooqiiwwan manaa jigaa jiran miti.
- ★ **Yammuu laftii socho'uu jalqaba sekoondii 3-4 duraa keessa **gadi bu'i, haguuggadhu ammas qabadhu deeskii ykn xarapheessaa jalatti.****
Achuma turi hanga sochiin dhaabatutti.
- ★ **Yoo bakka xarapheessaan hinjirre yoo jiraatte, gadi qucuummadhu! Jalaan, cinaan, gidduutti yaadi.**
Deeskii ykn xarapheessaa **jala** lixuun filannoo aanja'aa dha. Girgiddaa kan keessaa **cinaa** taa'i. Meeshaa manaa ulfaatu **cinaa gadi qucuummadhu.** Mana doo'ii fiilmii, bataskaana ykn dirree kubbaa keessatti kursiilee **gidduu rihpii taa'i.** Bakka suuqii waan nyaataa bitatan keessa gaariwwan mi'a ittiin baatan **cinaa fi jala dhokadhu.**



- ★ **Yoo ala dirree keessa jirta taate...**
Gadi taa'i ammas harka kee sammuu kee irra qabi.
- ★ **Yoo ala mana fooqiitti dhihoo jiraatte...**
Mana fooqii sana keessa seeni ammas bakka nagaa ta'e barbaadi. Achuma mana fooqiin alatti "zoonii balaa" kan jedhu jira.
- ★ **HUBACHIISA: Yeroo sochii lafaa ulaawwan bakka nagaa filataman MITI.**
Yammuu laftii socho'aa jiru ulaawwan keessa turuun ni ulfaata. Ammas yammuu sochii balballi waan humnaan banamee cufamuuf yeroo hedduu miidhaa nama irra geessisa.